DEEBI'UU GUUTUMMAA WANGEELA YESUS KRISTOS

LABSII YAADANNOO WAGGAA DHIBBA LAMAFFAA ADDUNYAAF DARBE

Geggeessaa Jalqabaa fi Yaa'ii Ergamoota Kudha Lamaanii Waldaa Yesus Kristos Qulqulloota Guyyaa Boodaa

Nuyi Waaqayyoo ilmaan isaa biyyoota hundumaa keessa jiraatan akka jaal'atu kabajaan cimsinee nii labsina. Waaqayyoo abbaanis ilmaa isaa isa jaal'atamaa, Yesus Kristosiin, dhalachuu waaqummaa, jireenya isa hin madaalamne, akkasumas aarsaa gatii kaffaltii cubbuu isa dhuma hin qabnee nuuf kennera. Humna abbaatiin Yesus Kristos du'ee deebi'ee du'a irratti mo'icha argateera. Inni fayyisaa, fakkeenya keenya, akkasumas oolchaa keenyadha.

Waggoota dhibba lamaan dura, bara 1820 (A.L.A) tti ganama birraa bareedaa tokkotti, dargageessichi Yooseef Ismiiz, waldaa isa kamiitti makachuu akka qabu beekuu barbaaduudhaan, New York, USA bosona naannoo mana isaatii keessatti kadhachuudhaaf seene. Inni fayyina lubbuu isaa ilaalchisee gaaffii qaba ture akkasumas Waaqayyo akka isa qajeelchu amanee ture.

Gadi of deebisuudhaan, deebii kadhata isaatiitiif Waaqayyo abbaanii fi ilmi isaa, Yesus Kristos, Yooseef Ismiizitti akka of mul'sanii fi Macaafa Qulqulluu keessattis akkuma raajame "waantonni hundinuu iddootti deebi'uu" (Hojii Ergamootaa 3:21) akka jalqaban nuyi nii labsina. Mul'ata kana keessatti, inni du'a Ergamoota warra jalqabaa hordofee, waldaan Kiristoos inni Kakuu Haaraa lafa kana irraa akka badee ture barateera. Yoseef iddootti deebi'uu isaa kana keessattis meeshaa ta'e.

Gaggeessaa Waaqayyoo abbaa fi Yesus Kristosiin, ergamoonni waaqa irraa Yooseefiin barsiisuu fi waldaa Yesus Kristosiin deebisanii dhaabuuf akka dhufanii turan nuyi nii mirkaneessina. Du'aa inni kaafame Yohaannis cuuphaan cuuphaa gad-fagoo fi dhiifamuu cubbuutiif aangoo deebiseera. Ergamoota warra jalqabaa keessaa warri sadanii–Pheexros, Yaaqoob, fi Yohaannis–furtuuwwan ergamummaa fi aangoo lubummaa lammataa deebisanii jiru. Isa maatiiwwan du'a mo'anii bara baraan akka walitti hidhamanii jiraataniif aangoo deebisee ture, Eliyaasiin dabalatee, warri kaanis dhufaniiru.

Yooseef Ismiiz galmeewwan bara durii isa ta'e, Macaafa Mormoniin-dhuga baatuu Yesus Kristos isa kan biraa isa ta'e akka hiikuuf kennaan Waaqayyoo fi humni akka kennaameef nuyi itti daballee dhugaa nii baana. Fuulonni barreeffama qulqullaa'aa kanaa seenaa tajaajila dhuunfaa Yesus Kristos isa inni du'aa ka'uu isaa booddee Kutaa Addunyaa Lixaa keessa namoota jiraatan gidduutti godhee turee of keessatti qabata. kunis kaayyoo jireenyaa isa gidduu-galeessa ta'e, kan barsiisuu fi barsiisa Kiristoosiin kan ibsuudha. Akka caaffata qulqullaa'oottis Macaafa Qulqulluu gargaaree, Macaafni Mormon sanyiin namaa hundinuu dhiiraa fi dubartiin ijoollee jaal'atamoo abbaa isa waaqa irraa akka ta'an, innis jireenya keenyaaf karoora waaqummaa akka qabu, akkasumas ilmi isaa Yesus Kristos akkuma guyyoota durii sana har'as akka dubbatu dhugaa nii ba'a.

Eebila 6, 1830(A.L.A) tti Waldaan Yesus Kristos Qulqulloota Guyyaa Boodaa akka gurmoofte, Waldaan Kiristoos inni Kakuu Haaraa deebitee kan ijaaramte ta'uu nuyi nii labsina. Waldaan kunis isa qajeelchaa dhagaa golee ishee ta'eef, Yesuus Kiristoosittii, jireenya mudaa hin qabne isa ta'ee fi gatii kaffaltii cubbuu isaa isa dhuma hin qabnee fi du'aa ka'uu isa dhugaa irratti kan hundeeffamteedha. Yesus Kristos ammas irra deebiin Ergamoota waameera akkasumas aangoo lubummaa isaaniif kenneera. Inni hundumti keenya gara Isaa fi gara Waldaa Isaatii akka dhufnuuf, akkasumas Hafuura qulqulluu, akkasumas sirnoota fayyinaa akka fudhannuuf, akkasumas gammachuu dhaabbataa akka argannuuf nu haffeera.

Lammaffaa deebi'uun kun Waaqayyo abbaadhaa fi Ilma Isaa isa jaal'atamaan, Yesus Kristosiin, erga jalqabee waggoonni dhibbi lama darbaniiru. Gutummaa addunyaa keessatti namoonni baay'een miiliyoonaan lakkaa'aman beekumsa taateewwan raajiin irratti dubbatamee fudhataniiru.

Iddootti deebi'uun waadaa galamee Kunis karaa mul'ata itti fufiinsa qabuutiin gara fuul-duraatti akka tarkaanfatu gammachuudhaan nii labsina. Laftis gonkumaa deebitee akka duraa hin taatu, sababni isaa Waaqayyo "waanta hundumaas harka Kiristoos jalatti walitti in qaba." (Efesoon 1:10)

Nuyi Ergamoonni Isaa akkuma beeknu- samiin banamaa ta'uu isaa akka beekaniif-waaqeffannaa fi galataan hunda nii haffeerra. Waaqayyoo fedhii isaa ijoollee dhiiraa fi durbaa isaa jaal'atamootti beeksisaa akka jiru nuyi nii mirkaneessina. Dabalataan warri kadhannaadhaan waa'ee ergaa isa deebi'ee qoratanii fi amantiidhaan hojjetan waaqummaa isaa fi kaayyoo Dhufaatii isa Lammaffaa Gooftaa keenyaa akkasumas fayyisaa keenya Yesus Kristos isa abdachiifameef biyya lafaa qopheessuuf dhuga ba'umsa mataa isaaniitiin akka isaan eebbifaman dhugaa nii baana.

Labsiin kun prezidaantii Russell M. Nelsoniin akka kutaa ergaa isaaniitti wal-ga'ii walii galaa waggaa 190ffaa, Ebila 5, 2020, magaalaa Soolti Leek, Yutaah keessatti gaggeeffame irratti kan dubbifameedha.

Unofficial poster layout of the text published on churchofjesuschrist.org. Not an official publication of The Church of Jesus Christ of Latter-day Saints. Generated by Urim, urim.samuelbaird.com